Odeeffannoowwan Monkey Pox Argadhaa

Hundee

- Gifirri Jaldeessaa (MPX) dhukkuba vaayireesii hedduu hib babl'atiini dha.
- Garaa garummaa saalaa ykn enyummaa koorniyaan osoo hin daangeffamin, namni kamillee MPX'n qabamuu ni danda'a.
- Erga walakkeessa ji'a Caamsaa 2022 kaasee, dhukkubni MPX U.S keessatti argameera., ta'us dhimmichi bal'inaan mudachaa hin jiru.

Haala tatamsa'ina isaa

MPX'n tuttuqqaa dhihoo fi/ykn qunnamtii qaamaa kanneen akka armaan gadiitti ibsamaniin ni daddarba:

- Karaa dhangala'aa hargansuu keessaan ba'uu ykn dhangala'aa dhukkubsataa MPX keessaa ba'u kamiiniyyuu.
- Shiffiiykn duta qaamaa, kutaa qaamaa dhukkubbii qabu, ykn luqqa'uu gogaa nama dhukkubichaan qabamee tuquun.
- Qunnamtii dhihoo, kanneen akka dhungoo, wal hammachuu, ykn qunnamtii saalaa.
- Tuttuqqaa meeshaalee namni MPX'n qabame kanneen aka, uffata, iddoo bulti fi meeshaalee kanneen biroo gochuun.

Mala ittisaa

- Hiriyyoota waliin qunnamtii gootan hir'isaa.
- Tuttuqqaa dhihoo, tuttuqqaa qaamaa-qaamattii, ykn namoota shifii qaamaa MPX fakkaatu qaban irraa of qusachuu.
- Iddoo bulti, erbee qaama gogsitu ykn fooxaa qulqullinaa, akkasumas uffata nama MPX'n qabame tuttuquu dhiisuu.
- Harka keessan yeroo hundumaa bishaanii fi saamunaa fayyadamuun ykn saanitaayizerii alkoolii qabu fayyadamuun qulqulleessaa.
- Talaalliin muraasni namoota muraasaaf ni jira. Karaa Monkeypox Vaccine in Minnesota ykn Minesootaa Keessatti Talaallii Gifira Jaldeessaa odeeffannoo dabalataa argadhaa.

Mallattoolee

Shifii qaamaa finnisa ykn toroshuu (bishaan kuusuu) fakkaatu fuula, afaan keessatti, kutaa qaamaa biroo kanneen akka, harka, barruu miilaa,laphee, qaamota saalaa ykn taa'aa irratti mul'achuu.

Mallattooleen dhukkuba gifira jaldeessaa kanneen biroon:

- Gubaa qaamaa/leygdaa ykn qorrisiisuu
- Hiita'uu xannachoota liimfii
- Mataa bowwuu
- Dadhabbii
- Dhukkubbii qaamaa (dugdaa fi maashaalee dabalatee)

Namoonni tokko tokko duta qaamaa, bishaan kuusuu ykn dhiitoo qaamaa tokko qofa qabaachuu malu. Kunis suuraalee isin toora irratti argitan irraa adda ta'uu mala.

Shifii, dunna qaamaa, ykn mallattoolee biroo haaraa yoo qabaattan

- Hanga dhiheessaa tajaajila fayyaa dubbistanitti, namoota biroo waliin tuttuqqaa dhihoo gochuu irraa of qusadhaa.
- MPX'f qoratamuu ilaachisee dhiheessaa tajaajila fayyaa keessan, buufata fayyaa naannoo keessanii, ykn bakka qorannoo STI dubbisaa: Qoratamaa (https://gettested.cdc.gov/).
- MPX'f isni qorachuuf jecha, ogeessi fayyaa naannoo bakka shifii ykn bakka dunni qaamaa jiru sana qulqulleessuu danda'a.
- Hawaasa ykn biyyoota isin dhiheenya daawwattan keessatti vaayireesichi jiraachuu isaa ogeessa fayyaa keessan yaadachiisaa.

Yoo isin irratti argame

- Gorsaa fi qajeelfama dhiheessaa tajaajila fayyaa keessanii hordofaa.
- Hanga shifii fi dunni qaamaa isin irra jiru fayyee gogaan haarofti isiniif margutti namoota biroo waliin tuttuqqaa dhihoo hambisaa. Kunis torbanoota 3-4 fudhachuu mala.

Odeeffannoo dabalataaf, marsaaratii Gifira jaldeessaa (www.health.state.mn.us/diseases/monkeypox) irraa ilaalaa.

Minnesota Department of Health
www.health.state.mn.us
7/28/2022 (Oromo)

Odeeffannoo kana bifa ykn foormaatii biroon argachuu yoo feetan, lakkoofsa armaan gadii irratti bilbilaa: 651-201-5414.